

Sammuu bilisa; yaada Walaba!

BARRUU WALAABUU

Guyyoota digdama digdamaan kan maxxanfamu!

“Eenyutu na beekaa? irra maalin beeka!”

Fuula 1

“Filannoonkee kami?”

Fuula 6

“Madaala namootaa biratti gatii gadi bu'aan jiraachuu dandeessa”

Fuula 9

“Qubeen baradheen dubbisee sammuu koo sooruu danda'uu kootu na gammachiise”

Fuula 12

BARRUU WALAABUU

Yaada Walaba; Sammuu Bilisa!

QOPHEESSAAN

Bilisummaa Shibbiruu

TEESSOO

Burayyuu; Oromiyaa

Bilbila

0929428759/0920237293

Face Book

Bilisummaa Shibbiruu

Email

Abbaaaraarsaa@gmail.coom

Telegram

https://t.me/barruuwalaabuu/33

HIRMAATTONNII

Caalaa Qananii

Yaadataa Dirribaa

Beekanii Taakkalaa

Siifan Biraanuu

Saxaaxa Qolaa

Dachaasaa Guddataa

Sammuu bilisa;Yaada Walaba!

Kaayyoo Barruu Walaabuu

Karaa toora Teelegiraamiitiin eerga daddarbuu eegalee jildii sadaffaa irra kan jiru Barruun Walaabuu, barreesitootaaf namoota garaa garaa qabatee dhiyaachuun akkuma itti fufetti jira; fuuldurattis haaluma kanaan itti fufa.

Tarii akkuma hammaan kana nu mudachaa jiru rakkoof dadhabbiin garaa garaa nu mudachuuf nu rakkisuu mala; inni kun immoo yeroo itti Barruun Walaabuu dhiyaatu tursuuf duubatti harkisuu danda'a malee, akka hambisuu hin dandeenye namuu beeku qaba.

Beektotaaf namoota keenya kan dandeettii addaa addaa osoo qabanii haalli teellaatti harkise kamiyyuu iyyaafannee bifa Af-gaaffiif bifa barreeffama dheeraatiin isiniif dhiyeessina. Isa kanaaf dubbistanii yaadaaf gorsaan nu bira dhaabbachuun immoo gahee keessanidha!

Dhaamsa

Namoonnii ogummaa golgaa kitaabaa kaasuu dandeessaan kan fedhiidhaan nu gargaaruu barbaaddan,karaa teessoo keenyaa nu quunnamaa!

Tarii qolli barruu keenyaa haala kanaan duraatiin yoo dalagamuu baateef Nu oofkalchaa! Barruun walaabuu dhiyaachuu hin dhiisu!

HUB.

Barruun kun yaadaaf ilaalcha gartuu tokkoo irratti hin xiyyeefatu; namni kamiyyuu, yaada isaa ifaaf bilisaan irratti dhiyeeffachuu ni danda'a!



"Eenyutu na beekaa? irra maalin beeka"

Caalaa Qananii

Barreessaa

Eenyuutu na beekaa? irraa maalin beeka!!

Mata duree kana jalatti dhaamsa waa'ee kee akkasuma waa'ee koo dabalees, waa'ee keenya kasnee irraati dubbanna. dubbaannee biraa taruun immoo ad-maleedha waan argineef dhageenye waliif qooduun akkasuma irratti hojjechuun aadaa keenya kanaaf harka wal qabannee galma keenyaaf akeekna yaa firaa. kun dhamsa koo taa'us ergaan koo har'aa akka itti aanutti itti fufa……

"Eenyutu na beekaa?" irra "maalin beeka?"-n osoo gaaffii keenya ta'ee silaa hanga har'aatti deebii nuuf ta'u gola mana keenya keessa guunnee qabna turre; garuu kun faallaa ta'ee, dhimma "maalin beekaa?" dagaannee dhimma "eenyuutu na beekaa?" fudhaannee hangaa har'aa deebii malee turre. "boru hoo maal ta'a?" jettanii yaaddanii beektu? Maal akka ta'u hawwitu hoo? Gaaffii isin gaafachuuf yaadee miti; garuu gaaffii kanaf deebii ta'a jedhee waanin yaaden qabaadhee dhufe. Nuti enyuu ani hoo ati hoo enyuu? jennee wal gaafachuu irra deebii gahaa kan qabu "seenaa dubbisuudha" jedheen amana. namni tokkoo enyummaa isaa bal'isee baruuf aadaan kitaaba dubbisuu dagaaguu qaba. Kan dubbisetu waabara kan waabaretu sabaa isa barsiisa ofillee bara waa'ee isaalle kaleessaa fi har'a barata. akkasumas kan boruuf illee akeeka kaawwata.

Seenaan Eenyuummaa sabaa maali?

Sabni eenyummaa malee uumame akkanumaan lafa kana irra yaa'u tokkollee hin jiru. Sabni yookaan uummanni kamuu wanta saba biraa irraa adda isa taasisee isa ibsu, eenyummaa mataa isaa qaba. "*Saba san*" ykn "*Ummata san*" kan isaan jechisiisu waan mataa isaa qaba. Xiqqaatee xiqqaatu bifti, bocniifi dhaabbiin qaamaa, eeenyummaa isaati. Enyummaan (identity) qabeenya guddaa sabni yookaan uummanni tokko erga uumamee eegalee, kuufatee of harkaa qabudha. Saba tokkoof waanti eenyummaa isaa caaluuf hin jiru. Jiraachuus hin qabu. Eenyummaan waan guddaadha. Eenyummaa malee sabummaan hin jiru. Saba tokko kan akka sabaatti dhaabu eenyummaa isaati. Ummatni eenyummaa hin qabne, akka sabaatti dhaabbachuu hin danda'u. Eenyummaan waan baay'ee of keessaa qaba.

Afaan, aadaan, seenaan, amantiin, duudhaan, safuuniifi qor-qalbiin, ilaalchi uumaa-uumamaa, dhaabbii, bifaafi bocni qaamaa, falaasamni, sirni bulchiinsaa, aadaan nyaataa, aadaan uffannaa, aadaan

fuudhaafi heerumaa, aadaan kadhannaa Waaqaa, akkaataan gadda itti ibsatan, sirni booyichaafi awwaalchaa, sirni kabaja ayyaanota addaa addaa, aadaan sirbaa, afoolli, akkaataan waliin jireenyaa yookaan hawaasummaan, akkaataan rifeensa murannaafi dhahannaa, aadaan hojii, ispoortiifi taphni addaa addaa hundi eenyummaa saba tokkoo warra calaqqisiisan keessaa isaan bu'uuraafi hangafaati.

Isaan kanneentu saba tokko saba jechisiisee akka sabaatti dhaaba. Yoo kanniin qabaatedha, sabni tokko kan akka sabaatti saba biraa irraa adda bahee eenyummaa mataa isaan jiraachuu danda'u. Akkaataan hawaasni tokko itti wal too'atu fi wal tikfatu yookan sirni bulchiinsa saba tokkoo aadaa, seenaa, safuufi safeeffannaa akkasuma qor-qalbii hawaasa sanaa irratti waan hundaa'uuf eenyummaa saba sanaa ibsuu keessatti gahee guddaa qaba. Ummanni manca'iinsi eenyummaa irra gahe, hireen inni akka sabaatti tokkummaa isaa eeggatee waliin jiraachuuf qabu gaaffii keessa bu'a. Ummatni akkanaa yeroo baay'ee of ta'uu dhiisee orma osoo akkeessuufi fakkeessuu dawoofi eenyummaa isaa dhabee qilleensa irratti hafa.

Garbicha ta'ees ergamtuufi faarsituu ormaa ta'ee, kabaja ilmi namaa argachuu qabu dhabee, salphinaan jiraata. Kanaaf sabni kamiyyuu, eenyummaa isaa eeggachuu, mararsiifachuu, kunuunfachuufi guddifachuu qaba. Eenyummaa malee sabeenyummaan hin jiru waan ta'eef. Waan keenyatti gaafa deebinu, eenyummaan Oromoo Oromummaadha. *(itti fufa…)*

Oromoofi Oromummaa

Ummanni Oromoo uummata bal'aa aadaa, seenaa, duudhaa, safuu, falaasama, biyya, afaan, ilaalcha, sirna bulchiinsaafi sirna amantaa mataa isaa qabu ta'uu isaa irra deddeebi'ee kaasuun koo, isin hin beektan jechuuf osoo hin taane, dhugaa jirtu walitti himnee, waan qabnuufi hin qabne beeknee, kan qabnu kunuunfachaa kan bade barbaaddaachuudhaaf wal yaadachiisuufi.

Yeroo har'aa ummanni Oromoo akka urjii gargar faca'ee aadaafi sirna kaleessaa dagachuutti jira. Gadaas dhiisnee gaddaan buluu erga jalqabnee tutturreerra. Kanaaf immoo sababoota garagaraa baay'etu jira. Sababoota kanneen, asitti kaasuun mata-dureen ala waan nu baasuuf garuma dubbii ijootti darbuu wayya. Jireenyi addunyaa tanaa takkaa gadi, takkaammoo oli. Oromoonis lachuu keessa darbee jira, ittis jira. Yeroon itti jabaafi sodaatamaa akkasuma kabajamaa ture akkuma jirutti ta'ee, yeroo inni itti laafee mudhukaa'ees waanuma barri itti fideedha. Kun immoo dhugaa jiru waan ta'eef waan wal sobnu miti.

Haala qabatamaa amma nuti ummanni Oromoo keessa jirru yoo fudhanne, qilleensi qaawwa nu gidduutti uumameen seene, raacitii eenyummaa nu mulqee, Oromummaan caariggaa'ee utuu hin bilchaatin akka burratuuf sababa ta'ee jira, akkasuma ta'aas jira. Kutaa, gosa, amantiifi ilaalcha siyaasaan wal qooduun keenya Oromummaa yookaan eenyummaa Oromoo baay'ee dadhabsiisuu irraa of duubatti hin deebine.

Hir'inni keenya kun immoo shira diinni keenya nu irratti dalagaa jiruuf riqicha ce'umsaa ol'aanaa ta'ee, eenyummaa keenya soqolee ormaaf saaxiluutti jira. *"Inni Musliima/Kiristaana", "Isheen*

Wallagga","Innii Shawaadha" ,"Isaan siyaasa ebeluu hordofu", "Isaan warra akkasiiti"..... jechuudhaan nu gidduu deemanii akka nuti wal jibbinuufi wal shakkinu nu godhaniiru, ammas hanga isaanii danda'ame ittuma jiru. Nutis dubbii ormaa kana qabannee diina walitti ta'uun baay'ee wal dhadhabsiisaa turre. Kun immoo karoorri diinaa kan ***"gargar qoodanii bituu"*** jedhu sun akka galma gahuuf qooda mataasaa taphatee jira.

Kun hunduu osoo beeknuus ta'u osoo hin beekiin ta'aa turee jira, ammas ta'aa jira. Wanti guddaan garuu, qixa dadhabbii ofii beekuun jijjiiramaaf tuqaa jalqabbii waan ta'eef, kan darbe erga hin darbanneetii, kan dhufuuf fala kaa'uutu furmaata. "Kan darbe daaraadha kan jiru laaladhaa" akkuma abbootiin keenya jedhan, ganna darbeef mana hin ijaaran waan ta'eef, kan darbeef quba walitti qabuu dhiisnee quba wal qabuun, har'a boru osoo hin jenne egeree keenyaaf **Gaaddisa Oromummaa** jalatti haa mari'annu. Abshaalummaas haa shaakallu. Ofumaa wal rirriitaa jiraachuu haa dhiisnu.

Sabni tokko tokkummaa qabaachuuf yookaan eenyummaa isaa waliin dagaagsee guddisuuf, dirqama kutaa tokko keessa jiraachuu hin qabu. Dirqamaan amantii tokko hordofuunis isa hin barbaachisu. Akkasumas dirqama ilaalcha siyaasaa tokko qabaachuun ykn Paartii siyaasaa tokko qofa deeggaruun isa irra hin jiraatu. Amantii, kutaaniifi ilaalchi siyaasaa garaagarummaa bu'uuraa osoo hin taane ilaalchaafi jireenya dhuunfaati. Yeroo waliinis darbuu danda'a. Sababa adda addaanis jijjiiramuu ni danda'u. Fakkeenyaaf, namni tokko amantiin isaa Islaama yoo ta'e, sababa adda addaan gara amantii birootti jijjiiramuu ni danda'a. Kan warra amantii biraas akkasuma.

Ilaalchi siyaasaas haala yeroofi sababa adda addaa irraa kan ka'e jijjiiramuu ni mala. Kan kaleessa sirna mootummaa ***Gonfoo***fi ***Abbaa Irree*** leellisaa ture har'a taa'ee ofitti kolfaa jira ta'a, yookan maaltu beeka,"*Otuun yoo sana saba kiyyaaf akkas godhee jiraadhee*", jedhee gaabbaa jira ta'a. Inni har'aas boru waa jedha. Ilaalcha siyaasaa yerootu fida, yerootu dabarsa. Waan dhaabbataa ta'ee itti fufiinsaan jiraatu miti. Eenyummaan nama tokkoo garuu yoomuu jijjiiramuu hin danda'u. Guraachi adii (Faranjii) hin ta'u, adiinis gurraacha ta'uu hin danda'u. Kun seera uumaati. Garuu tokko maxxantuu tokkoo ta'uu ni danda'a. Fakkaachuufi ta'uun immoo waan garagaraati akkuma oromoon fageenyaf dhiyeenya waan tokkoo himuuf fardaaf lafa jedhuu sana ta'a jechudha.

Nutis, ummanni Oromoo, garaagarummaa amantii, ilaalcha siyaasaa, kutaafi gosaa qabaanullee Oromummaaf dursa kennuu qabna. Oromoo! garaagarummaa biraa amma fedhe qabaanullee wantoota bu'uuraa kan tokko nu taasisan irratti wal tumsuu qabna. Waliin guddifnee dagaagfachuutu nurraa eegama. Qaamaafi nama Oromummaa balleessuu barbaadu irrattis tokko taanee qabsaawuutu nurra jira. *Rakkoo Oromoof furmaatni ilmaan Oromoo qofa akka ta'e haa beeknu!.*

Guddinaafi dagaagina afaan, aadaa, amantii, gadaa, seenaa, aartii, afoola, falaasama, hawaasummaa, duudhaa, safuufi biyya Oromoo keessatti martinuu, garaagartee tokko malee tokkummaan hirmaannee, Oromiyaa addunyaa irratti bulchiinsa gadaa ishee mirkaneeffatteefi misoomtee Gadaan bultu waliin ijaaruuf

fuulduratti haa tarkaanfannu. Ilmaan Oromoo hundi Oromummaa bu'uura godhachuun, tokkummaa keenya cimsannee jaalalaafi gammachuun waliin haa jiraannu. Yoo akkas ta'eedhas kan waan hawwinu hunda argachuu dandeenyu. Yoo hin ta'in baraa gadaa hawwii qofa of sooranii jiraachuu ta'a

Ciratten Maali?

Akkaataa naamusa hawaasummaa ummata Oromootti, kan gorsaafi dinniina hawaasaa tuffatee, aadaa fi duudhaa biyyaatti buluu dide, yakka yakkeef fala falatee, hooda guuttatee of qulleessuu dide *Cirattee* jedhama.

Ciratteen fafaa ni jibbu. Ciratteen hoodaa ni hooddatu.Waliin burqaa tokko hin dhugan.Waliin dhiyaana tokkotti hin dhiyaatan.Waliin gumii hin taa'an.Waliin seera hin tumatan. Ciratteen laguudhaa ni lagatan. Du'a isaanii ni lagatan. Cidha isaanii ni lagatan. Irraa hin bitan. Itti hin gurguran. Waliin hin nyaatan. Irraa hin fuudhan. Itti hin heerumsiisan. Gaddaa - gammachuu waliin hin hirmaatan. Biyya Waloo waliin hin qabaatan. Kanaaf cirattee akkanaan yuuyyessu ykn diinomsu. Inni yuuyya'e bubbultii keessa qalbii jijjiirratee amala fooyyeffatee Aadaafi Safuu uummaataatti deebi'ee hooddatee akka of qulleessu carraa kennuuf. Isa kana hundaa didee fafooma filate ni diinomsu.

Diinni immoo diinaa biyyarraa godaansisu.Itti duulanii waraanaan buqqisu. Duudhaa qabnutu kana. Aadaa keenyatu akkana. Aadaa daganneetu, Safuu ganneetu kan qaanii taane. Har'a ciratteetu qe'ee nu dhuunfate. Diinatu biyya nurraa fudhate. Kanatu nu quuqa. Laalessee nu dhukkubsa.Qaanii akka kanaa, madaa hanga kanaa baannee hin callifne. Obsinee hin teenye. Nuffinees hin dhiifne. Xiiqiifii booreedhaan itti baane. Dhiigaaf lubbuu wareegneetu sabaaf abdii taane. Hirree uummataa sochoofnee, gamtaa sabaa itichinee, diina diinomsina. Biyya bilisoomsine ni fooyyeessine maalee, hin mirkaaneesinee,mirkaaneesuf garuu carraa bal'ifanne. Carraa bal'ates numaatu galmaan ga'a. Kuni Dubbii Jabaa fi Qeerroo Oromooti!

Ulaagaalee Oromummaa

Dhiigaan Oromoo ta'uun ulaagaalee Oromummaa keessaa ulaagaa jalqabaa ta'ullee hundaafi kan dhumaa miti. Namni tokko dhiigan qofa Oromoo ta'eef ulaagaalee Oromummaa hunda ni guuta jechuun baay'ee ulfaata. Dhiigaan Oromoo ta'ee yoo aadaafi safeeffannaa hawaasa Oromoo hin beekne ta'e, Oromummaan isaa gatii yookan hiika hin qabu. Kan olitti jenne maras bishaantu nyaata jechudha. Akkasumas namni tokko dhiigaan Oromoo ta'ee yoo afaan, Gadaa, duudhaa, seenaa,siyaasa Ooromoo fi falaasama Oromoo hin beekneefi keessatti hin argamne, akkasuma yoo ittiin hin jiraanne ulaagaalee Oromummaa guutee jira jechuun ni ulfaata.

Dhiigaan Oromoo ta'anii aadaa, duudhaa fi seenaa akkasuma sirna bulchiinsaafi afaan ormaa calaqqisiisaa, *"Oromummaa kiyyaan nan boona*!" jechuun wal sobuu ta'a. Oromummaan aadaa, Afaan, seenaa, amantii, Gadaafi afoola Oromoo keessatti calaqqisee mul'ata malee kan ormaa keessatti miti. Akkasumas namni tokko dhiigaan Oromoo ta'ee yoo Oromoofi waan Oromoo irratti orma waliin dabaafi gidiraa kan hojjatu ta'e Oromummaan isaa

Sammuu bilisa;Yaada Walaba!

faayidaa hin qabu. Inni mi'aa Oromummaa hin beeku waan ta'eef. "Allaattiin fira fakkaattee simbira nyaatti" isa jedhan sana waan ta'uufi. Kanaafuu, Oromoon tokko waan Oromoon qabu yoo hin qabaatiniifi yoo hin beekiin, akkasumas waan Oromoo waan kiyya jedhee yoo ittiin hin booniniifi hin calaqqisiisin, Oromummaan isaa kan dhiigaa qofa ta'a. As irratti waanti hubatamuu qabu, waan ofii wallaaluun akka hammeenya hin qabne ta'uu isaati. Sabaaba adda addaan waan keenya irraanfachuu ykn wallaaluu dandeenya. Garuu wanti hamaafi badaan wallaalummaa ofii wallaaluudha. Akkasumas baruuf fedhii dhabuudha.

Waan keenya wallaaluu keenya beeknee, baruuf of qopheessuufi waan keenyaaf sammuu keenya banaa gochuun beekumsa duraati; gotummaadhas. Iyyaafatanii kan dhaburraa dubbisaani baruun gamnummaadha. Dammaqiinsaafi kutannoon yoo onnanneef urgaan foolii keenyaa, Oromummaan, galaana qaxxaamuree akka hin deemne, wanti dhoorku tokko illee hin jiru.

Yoo ormi buddeena ofii tolfatu, nuti jalee taanee abidda bobeessuufii hin qabnu. Buddeena ofii tolfannuufis, ibiddi ormaa nun barbaachisu. Maal dhabnee kadhaa kaanna? Yoo nu kadhachuu dhufan malee. Galanni kan Waaqaa haa ta'uutii waan dhabne tokko hin qabnu akka dhabne malee.

Osoo aadaa qabnuu aadaa ormaa jala fiiguun, osoo afaan qabnuu afaan ormaan walii galuun, osoo seenaa qabnuu seenaa ormaan dhaadachuun, osoo biyya qabnuu biyya ormaa leellisuun, osoo Gadaa qabnuu sirna ormaan wal bulchuun salphina. of tuffachuufi of jibbuudhas. Akkasumas of dhoksuun ofiin of awwaalanii maxxantuu ormaa ta'uudha. Kun immoo qarooma osoo hin taane, gowwummaafi of ta'uu dadhabuudha. Kana qofas miti, akkana ta'uun seera uumaa illee cabsuudha. Sababni isaas Waaqni Oromoo waan hunda badhaasee jira. Waan Waaqni nu badhaase kana immoo jaalachuu, leellisuufi itti gammaduu qabna malee itti qaana'uu hin qabnu.

Ergaan koo har'aaf inni dhuma lammii koo of haa beeknu wal haa iyyaafannuu numatu walif dhimma ormi ormuma numatu walif dhiga. Wal beekuf immoo carraa kamiyyuu fayyadamaa waa'ee keenya dubbisa .aadaa kitaaba dubbisu qabaadha yeroos wal barraa yaa firaa nama boruu taa'aa warraa of beekuu nuu haa taasisu!

Sammuu bilisa;Yaada Walaba!



"Filannoonkee kami?"

Yaadataa Dirribaa

Barreessaa

NAN MIIXADHA NAN DHABA

Fudhachuuf akeekkadheen

Hiixadheen qabuu dhaba

Yeroon qabadhe jedhus

Harka koorratti caba

Fiigees qaqqabuun jedha

Taa'ees yaadaan imalee

Gam-lameenuu nan joora

Addunyaa mara galee

Nan suksuka nan fiiga

Na ciccite foon sarbaa

Har'a koo ilaalee miti ——

Feetu boru naaf darbaa

Lafti ani irra ijajjuyyuu

Nan shakka akka hallayyaa

Amanee itti of hin kennu

Natti hin fakkaatu fayyaa

Takka ofirra quuphanee

Taa'een shokokii eega

Taa'uunis immoo fafa

Namatti fida deega

Jedhee qalbii gowwoomsee

Utaaleen lafaa ka'a

Osoon tokko hin xumuriin

Yaada kootu yaada da'a

Fiigee qaqqabuuf jedhees

Of murteessee yoon ka'e

Gufuumti ani hin yaanne

Sila lafaan na dha'e

Kufeema gangaladheen

Galgala ciisaaf gala

Cinaacha wal jijjiireen

Waan ta'a jedhun fala

Abjuu koos nan ilaala

Milkii laallachuuf tarii

Waanti abjuun gaaromes

Sammuu bilisa;Yaada Walaba!

Faallomee bula barii

Egaa…

Inni kan koo erga hin taanee

Kan namaa duukaa bu'uuf

Naan xiinxala nan yaada

Innimmoo duraan gadi

Kale koo gubee waada

Akka leencaa xirqaneen

Keessuma kooti aada

Yaa baraa hojiin shonfaa

Maaf taate bara golfaa?

Tokkottu falan dhabe

Yoon maal godhen dhaqqaba?

Ariifadhees suutomees

Nan miixadha nan dhaba!

FILANNOON KEE KAMII?

Dhugaamoo taayitaa

Dacheedhamoo samii

Ulaagaan jaalalaa

Mee siif isa kamii?

Kolfamoo boo'icha

Gammachuumoo gadda

Filannoon kee kami

Kamitti gammadda?

Gammoojjiimoo baddaa

Sululamoo tulluu

Kamiin dheebuu baata

Booruumoo qulqulluu?

Kamitti boqatta?

Firamoo alagaa

Kamtus sitti tola

Wal dhabbiimoo nagaa?

Moo,…

Hunda waliin fiigdee

Jiraachuu barbaadda?

Faayidaadhaaf jecha

Namatti hamaa yaadda?

Guddaa xiqqeessitee

Xiqqaa guddaa gootee

Warra hiddi tokkoo

Gandaan adda footee

Madaala jal'inaan

Callaa safarattee

Warqee siif hin malle

Harkatti marattee

Achi fageessita

Fuutee isa dhihoo

Ilaalcha hammeenyaan

Sammuu bilisa;Yaada Walaba!

Namaaf keessaa kiyyoo
Summii itti naquun
Booruu goote carii
Teessoo siin mallerra
Taa'uu feeta tarii?
Dirra dhugaaf dhiigetti
Naqxe bishaan cabbii
Al dhibba kakattee
Waamtee maqaa rabbii
Ati…
Faayidaa barbaacha
Hammina kalaqxee
Gammachuu foon keetiif
Dhugaa irraa maqxee
Loogoo jaalalaatiin
Kijiba daldalta
Dhugaa fakkeessuudhaaf
Hunda keessa galta
Gammachuun kee guddaa
Gaafa qabeenya koo
Callisuun kee hamaa
Gaafa dhabeenyakoo
Fuula kee ibsitee
Akka ifa duungoo
Seeqaa na ciniinta

Fakkeessitee dhungoo —
Tasa wal hin argu
Afaaniif garaankee
Deemsaaf hin mijatu
Hamaadha karaankee
Garuu utuu beektee
Hundi utuu siif galee
Maallaqniif jaalalli
Tasa wal hin argan
Ni wal mormu malee
Elaa…
Jaalalli jaalala
Faayidaan waa biraa
Silas ifnii fi dukkanni
Waliitiif yoom fira!

Sammuu bilisa;Yaada Walaba!



“Madaala namootaa biratti gatii gadi bu'aan jiraachuu dandeessa”

Beekanii Taakkalaa

Barreessituu

Ani nagaadha, ati nagaa miti!

Jireenya hawaasummaa keessa jiraachaa oolluun, yeroo itti namoota kallattiilee adda addaan faallaa keenya ofbobbaasan argaa oollutu jira. Kunis yeroo itti deddeebi'ee gaaffii nuti uumu ofirratti ni argina. Kanneen keessaa namoota yaada isaanis ta'e ilaalchi isaanii isaaniif fayya qabeessa ta'ee kan kaanii immoo fayya dhabeessa ta'eetti yaadan, deddeebi'ee isin mudateera ta'uu mala; Kanaanis yeroo itti yaadni fi ilaalchi keessan nama sana biratti gadaanaa ta'ee mul'achuun nama sana duukaa walii galuu dhabuun mufii wal irratti gootan ni jira ta'a.

Hiriyaa baay'ee jaalattu, maamila bakka daldalaa, jaala waliin qabsoo gootu, Hiriyaa lafa hojiiwwan garaagaraa waliin yeroo walitti bu'insi sababa kanaan uumamu arguufi ofiikees taateen kuni sirratti ta'u, maaliif? jettee gaaffii ofgaafachaa turteettas ta'a. Waan kanarratti namoonni baay'een yeroo itti qorannoo gochaa turantu jira.

Ogeessi xiin-sammuu *Toomaas Heeriis* jedhamu, bara 1967 kitaaba isaa "i am ok, you are ok"jedhu keessatti 'ilaalchawwan addunyaa arfan' jedhee kaa'e keessatti kutaa inni sadaffaa "i am ok, you are not ok" jedha. Anis mata duree kana bu'uureffachuun, lafa jiraadhuu, baradhuu fi k.k.f tti waantoota namudataniifi taajjabe irraa ka'uun waa isiniin jedha Dubbisaa!

Ilmi namaa adaduma guddataa adeemu ilaalchawwan garaagaraan of jijjiiraa, jijjiiramaas adeema. Akkasumas immoo namni tokko bu'aa ba'ii jireenya isaa keessatti rakkinnii fi mudannoowwan isa mudataa turan irraa ka'uudhaan ilaalchi isaa kallattii badaatti jijjiramuu danda'a. Kunis, jireenyi keenya garri caalmaan shaakala guyyaa guyyaan goonu irratti sababa hirkatuuf jechuudha. Kanneen keessaa Ilaalcha isaa "ani fayyaadhaa, ati fayyaa mitii" kan jedhu tokko nama ati beekturratti mul'ateeraa haajennu. Kanaanis ati nama sanarraa deddeebitee yaada mormii baay'een kara nama sanaa ukkaamfamaa turteetta ta'a.

Nama sanatti aaruufi mufachuurra ilaalcha nama kanaa jala bu'ii hordofi jedha *Toomaas Heeriis*

Sammuu bilisa;Yaada Walaba!

Dhalli namaa ilaalchadha jiraata. Namni kun ijoollummaa isaa nama namiidha jedhee hin yaanneen miidhamee, deebi'ee immoo bayyaannateera yoo ta'e, namoonni addunyaa keenyaa akka ilaalcha sirrii hin qabnetti yaaduu mala namni kuni. Sababni isaas namoonni inni olguddisse ilaalaa ture fayyina isaa irratti sababa qooda hin qabneef, guddaa fi namni sirriin ofiisaa qofa akka ta'etti ilaalcha isaa jijjiiruu mala. Abdii namoota sanarraa qabuun miidhamuun isaa gara kanaatti isa geessa jedha Toomaas Heeriis. Namichi "Namoonni kun yoo na miidhan iyyuu ani nagaadha, miidhamakoorraas bayyanachaan jira"jedhee yaada. Ilaalchi "ani nagaadha, ati nagaa miti"jedhu taatee kanarraa madde.

Namoonni ilaalcha akkasii qaban amaloota akka namoonni isaan caalaatti ilaalcha gaarii qaban jiran ni amanu. Karaa biraa immoo namoonni nagaa hin qabne kan isaan gadii akka jiran ni yaadu. Namoonni akkasii yeroo hundumaa namoota caalanii argamuudhaaf kanneen halkaniif guyyaa yaadanidha.

Dadhabina namoota naannoo isaanii qeequudhaan caalmaa isaanii mirkaneeffachuuf duuba hin mil'atani. Bakka hojiitti namni waa'ee hojichaa isaan caala beeku akka jiru hin amanan. Gaa'ila isaanii keessatti nama isaan hin madaalle waliin akka bultii dhaabanitti yaadu. Hidhata gaa'ilaa isaanii ofiin gaditti ilaaluudhaan yeroo hundumaa caalmaasaanii odeeffatu.Hojii garee yemmuu hojjetan yaadni nama kamiiyyuu akka fudhatamu hin barbaadan. Waanti isaan jedhan qofti akka fudhatamu barbaadu.

Namoonni akkasii kun mallattoowwan akka, Oftuulummaa fi humna argisiisuudhaan nama waliin dubbachuu, ija jabinaan dubbachuuf waanti isaan daangessu akka hin jirretti yaaduu, "Ana qofaatu nagaadhaa" jedhuu, namoota biroo xureessuu, kufaatiin namoota biroo isaaniif guddina fakkaachuu, namoonni biroon gadi bu'uun isaaniif akka ulfina dabalutti yaaduu, yeroo namoonni hundi akka isaanii gadi ta'anitti yaadan gammachuu argachuu...

Namoota akkasii sirreessuun baay'ee ulfaata. Sababni isaas ani nagaadha, ani fayyaa qabeessa, ani guddaadha jedhanii waan amananiif. Akkasumas waan itti jiraaataniif.Namoonni kunneen amala akkasii keessa akkamiin galuu danda'an kan jedhu illee waliin haa ilaallu.

Miira gadaantummaa dhokatee jiru.

Miirri gadaantummaa dhokatee jiru kun rakkoo namoota baay'eeti. Namoota tokko tokkotti miirri gadaantummaa waan itti dhagahamuuf miira kana dhokfachuuf jedhanii, namoota biraa tuffachuu jalqabu. Miira gadaantummaa kana injifachuuf "ani nan caala" jedhanii dubbatu, hojjiidhaanis kanuma argisiisu. Eenyummaa isaanii waan hin fudhanneef, nama biraa kuffisanii, ofii carraa ol ka'uu waan argatan isaanitti fakkaata.

Oftuulummaa

Ilaalchi "ani nagaadha, ati nagaa miti" jedhu kan namoota baay'ee oftuulummaa irraa madda. Namoonni "eenyuunan qaba"jedhan yeroo hundumaa nama naannoo isaanii caalanii argamuuf otoo oliif gadi fiiganii ni argina. Namoonni kun namni isaan caalu akka jiru gonkumaa hin

amanan. Tilmaamni isaan ofii isaaniitiif kennan daandiirraa waan kaateef waanti hundumtuu waanuma karaa isaanii jalqabamee karumasaanii xumuramu itti fakkaata.

Guddisa baduu

Mucaan ijoollummaasaatii eegalee "ati nama hundumaa nicaalta, yoo injifatamte akka manatti hingalle "ittiin jechaa guddisan, ilaalcha nama hundumaa caaluufi fedhii ol aantummaan guutamee guddata. Mucaan kun namoota isaan dorgaman kuffisee darbuutti amana. Injifatamuu fudhachuu diduun gaarii yoota'eyyuu, madaalliinsaa waan hin eegamneef, namoota ilaalcha madaalamaa qaban dhiibuu irraa kan hafe hojii biraa hin qabu. Namoonni kun yeroo hundumaa "natu sirriidha, namoonni biroon garuu sirrii miti, fayyaa guutuu hin qaban"jedha Toomaas Haariis.

Ilaalchi akkasii kun faayidaa isaa irra miidhaa isaatu caala. Hawaasummaa dhabuun nijiraata. Qofagaleessa ta'anii jiraachuutu dhufa. Namootaan tuffatamuunis nijiraata. Madaala namootaa biratti gatii gadi bu'aan jiraachuu dandeessa. Kanaafuu namoonni amala ykn ilaalcha akkasii qabdan, of ilaaluun of sirreessuu shaakalaa! Hiriyyaan keessan ilaalchi ykn amalli akkasii irraa mul'atu yoo jiraates gorsuufi bira dhaabbachuun akka waan kana irraa ofbaraaru taasisaa. Haguma sirrummaa ofii mirkananii jiraatan, ilaalcha namootas madaala keessa galchuu barbaachisaadha. Ilmaa namaa kamiifuu iddoo gadaanaa laachuun hin malu.



“Qubeen baradheen dubbisee sammuu koo sooruu danda'uu kootu na gammachiise”

Siifan Biraanuu

Waloo

Hog-barruu Oromoo

Akka yaada kootti dhaloonni haaraan kun xiyyeeffannaan isaa, Aadaa, duudhaafi eenyummaa isaa guddisuuf beeksisuu irratti xiyyeeffachuus qaban jedha. Akkasuma hog-barruu fi aartii Oromootiin wal baruu qaba jedheen yaada. Gama kamiinuu aartiin mul'stuu Afaaniif eenyummaa saba tokkootiif shoora guddaa kan baatudha. Keessumaa hog-barruun angafa aartiiti. Aartiin gosa hedduu of keessaa qabaatus, hog-barruun garuu, aartii hunda baatee socho'a. Hog-barruu Oromoo yoo ilaallu garuu kophaa waan fiigaa jiru malee gosoota aartii keessa jiran utubee sadarkaa cimsee baasuu irratti argamaa hin jiru.

Kana furuuf jalqabuma qaamni aartii hog-barruu keessa jiru maal hojjechaa jira?, Gahee akkamii bahachaa jira? Inni jedhu ilaalamuutu dansa. Ani barreessituus, nama aartiis miti; Garuu waan aartiidhaan bahee mul'atu kamuu nan deeggara. Barruu kamuu irra jaalalan qaba. Nama kamiifis kabajan qaba. Dhimmoonni kun lamaan jireenya koo keessatti jijjiiramaaf barumsa cimaa waan fidaniif ana biratti wantin sadarkaa jalqabaarratti akka fakkenyummaa fi akka ijootti kaasu, Nama fi Barruudha.

Namni dabas hojjetee na miidhee jira. Kan yaada namoota daba hojjechuun gaarummaa akka isaanitti fakkaatu na barsiisee, akkan dhimma namoota dabaan guutamanii hin qabaanne kan godhe, Barruudha. Akkuma namoonni daba hojjetan jiran akka namoonni gaarummaan guutamanii gaarummaan waamaman jiranis kan ija banee sammuu koo saaqee akkan argu na godhe barruudha.

Anaaf Barruun bakka guddaa naaf qaba. Barachuu baadhus hagan baradhetti nan gammada. Sababni isaa baradhee hojiin qacaramuu osoo hin taane, qubeen baradheen dubbisee sammuu koo sooruu danda'u kootu na gammachiise. Osoon qubees ta'ee Afaan biraa barachuuf beekuu baadhee waa meeqaan akkan miidhamu amma naaf ife. Egaan gabaabumatti

dhimmi ijoon koo Waa'ee Hog-barruu Oromoo fi Barruu /Kitaaba irratti xiyyeeffata.

Amman lubbuun jirutti dhimmi barruu fi dhimmi dubbisaa Anaaf namoota na waliin jiran irraa akka fagaatu hin fedhu. Oromoon dur du'aaf ajjeechaan isa hin dararu ture. Sirna ittiin wal bulchu qaba. Gadaa qaba. Sirna bulchiisa gadaa bara dur ture keessa, wal ceepha'uun, wal qooduun, wal ajjeesuun hin turre. Oromoon tokkummaa isaa eeggatee daangaa isaafis falmatee, eenyummaaf, Aadaa , duudhaaf Afaan isaatiin of hogganaa ture.

Kun akkuma jirutti ta'ee, erga sirni bulchiinsa gadaa kun sirna biraatiin haguugamaa dhufee as immoo, dararamniif walqoodinsi akkasuma Aadaaf Duudhaa Afaan keenya dagachuuf kkfn bira darbinee sadarkaa eenyummaa keenya dagachuutti deemaa kan jiru immoo dhalota ammaa kana. Jijjiirama hog-barruun fidu irraa kaatee biyyi ingiliz xiyyeeffannaan ishee hog-barruuf kenniteef jijjiirama gama aartitiin fidde namni wallaalu jira jedhee hin yaadu.

Haguma saayinsiin jijjiiramaa babal'achaa fi dabalaa deemu haalonni jijjiiramuun bifa biraa qabaatu. Haalli sun osoo hin jijjiiramin gahee ati taphattuuf tattaaffiin ati haala sana keessatti waa dalaguuf dhamaatu waan boru seenaa ta'ee galmeen wal argu ta'uu qaba. Kanaaf hog-barruun keenyas haga hojii kanatti qooda fudhannetti akka seenaaf ta'uttif akka dhaloota ijaarutti itti dadhabuu qabna.

Egaan dhaloonni kun Afaan isaatiin dubbisee seenaaf dandeettii kalaqa isaa dorgomaa taasisuuf maal haa goonu inni jedhu hojimanee hunda keenyaati. Seenaa ofii wallaluu fi eenyummaa ofii dagachuu akkasuma Afaan ofii irraanfachuu fi ilaalcha siyaasaa keessatti of daangessuu dabalata. Kana kan fide immoo kan dubbanuuf kan dubbifnu kamtuu Afaan biraatiin, kan jajnuuf kan cimaaf guddaa akkasuma dhugaa nutti fakkaatu isa Afaan biraatiin barreeffame jennee waan yaadnuufi. Ilaalcha kana hambisuuf immoo barruun beekaaf hayyuu Oromootiin, akkasuma qorataa seenaa Oromootiin barraa'e dubbisuun dhugaa jiru hubachuun barbaachisaadha jedheen amana.

Haata'u malee...amalli nuti dubbisuu irratti qabnu immoo haguma ammayyoomaa deemnu waan dadhabaa deemaa jiru ta'ee natti mul'achaa jira. ammayyoomuun hin barbaachisu jechuuf osoo hin taane, ammayyoomni dubbisuudhaan wal hin beekne hin barbaachisu jechuu kooti. Kanaaf dhaloonni kun hagam amala dubbisuu qaba yoo jenne deebiin nuti kenninu nu dhibuu danda'a ."Beekaa kan si jechisiisu dubbisuu osoo hin taane kan dubbifte yaadachuu keeti" jedha barruun tokko.

Dubbisuuf ka'uu keetiin dura fedhiin dubbisuu keetii ijaaramuu qaba. Fedhiin dubbisuu kee ijaaramuuf immoo barruun ati dubbisuu feetu sun waan baruu feetu ykn sababa dubbisuu barbaaddeef qabaachuu qabda. Fedhiin keef barruun sun wal argachuu qabu. Yeroo hedduu kufaatii hog-barruun Oromoo irra jiru kaafnee dubbachuun akkuma jirutti ta'ee, rakkoo kanaaf inni duraa amala nama dubbisuu ta'uu isaa namni hubate muraasa ta'ee natti argama. Rakkoo amala dubbisuu furuuf immoo tattaaffiin barreessaa

dadhabaa ta'uu, hubachuunis barbaachisaadha.

Barruun barreeffame haga hin dubbifamne, barruun dubbifame haga hojiin hin mul'anne, barruun hojiin mul'ate haga jaallatamee beekamtiif jaalatamummaan isaa hunda hin geenyetti barreessuu qofti hog-barruu Oromoo guddisa miti. Amma amma garuu innumti barreessu dubbisuu akka diinaatti ilaala. Diinummaan dubbisaaf nama gidduu jiru kun silaa isuma barreessuun firoomuu qaba. Inni barreessu gaheen inni amala dubbisuu jabeessuuf qabu guddaa ta'uutu irra jiraata. Qaamni dubbisuu barreessaa irraa waan isa onnachiisu qooddachuu qaba. Dhamaatiin barreessaa barreessuu qofa ta'uu hin qabu. Dhamaatiin barreessaa amala dubbisuu gabbisuufis dhama'uudha.

Jalqabumaa barreessuun dura, miiraa hawaasa keessa jiraatuu sana bekuuf hubachuu qaba. Mee barreessaan barruu koo kana akka tasaa dubbifte, Namoonniif hawaasni naannoo kee jiran waa'ee barruu/Kitabaa, akkasuma waa'ee dubbisuu maal jedhuu? Nama waliin ooltu keessaa hagamtu faayidaa dubbisuu beekaa?

Egaa dhaamsa koo isa itti aanutti darbuu kotiin dura. Dhamsin ani isa barreessuuf qabu, dhimmootan olitti kaase kanaaf barreessuun dura dhimmuuf yaaluu akka qabdaniif namoonni aartiif hog-barruu Oromoof jaalala qabdan immoo, qaamota qooda fudhatanii hojii kana keessa jiraniif hamilee akka ta'uuf of kennitan hawwii kooti. Amalli dubbisuu gaafa guddatu waan baay'eetu jijjiirama. Ilaalchiif yaadni qabnu, tasgabbiif hubannaan qabnu, fagaatee nu fayyada.Gaafa dubbisuu amaleeffattu;-

* Qalbii waan hundaa waliin madaalu qabaatta.

* Irra keessa gulufuu irraa gara gadifageenyaan yaadutti ceeta.

* Yaada kamuu, nama kamuu fuulduratti dhiyaattee yaadaan falmuuf dandeetti horatta.

* Haalli dubbii kee, qindoominni jechoota kee, mararteen seenessuu kee hunda booji'a.

* Dubbisaa barruu gaafa taatu, Ulaa hundi saaqeen bahuu irraa of qusatta.

* Qorataa cimaafi beekuuf gaafataa cimaa taata,

* Maalif? Akkamitti? Inni jedhu gaaffii kee yeroo maraa ta'u.

* Nama callisee ergamuuf nama callisee owwaatu hin taatu.

Sababni isaa Amala, haalaaf jiiruuf jireenya dubbisa keessa jiruun wal beekta waan ta'eef, beekumsiif odeeffannoon hundi si harka jiraachuun isaa, Maaliif? Akkamitti ? Akka jettuuf si dirqamsiisu.

*Garuma hundi bubbisetti amala bubbisuuf si hoo'isu hin horattu. Dhaggeeffataafi xiinxalaa jabaa taatee tasgabbiidhaan sammuu waa hordofu waan qabaattuuf! Yoo gaafataa cimaa taatu, deebii gahaa fi quubsaa argachuuf dhimmita. Sababni isaa dubbisuun amala kana waan si dhaalchiseefi. Amalli dubbisuu kana. Amala dubbisuu kanaan dhaloonni wal bare mirga isaaf, biyya isaaf, eenyummaa isaaf falmuuf jecha bahee lubbuu dhabuuf hin saaxilamu. Dubbisuun ogummaa si dhaalchisuun

Sammuu bilisa;Yaada Walaba!

mana teessee falmaa cimaa ta'uuf gahaa si godha.

Amma qabsoon dhaloota haaraa kun dubbisa waliin ta'uu qaba. Qabsoon dhaloota ammaa kun beekumsaan tooftaa kuufatu waliin ta'uu qaba. Dhaloonni dubbisaan, qorannoodhaan, gaaffiidhaan, yaadaan, ogummaadhaan waa dalagu lubbuu ofii kennee biyya bilisoomsa osoo hin taane, sammuu qaroomeen falmee of bilisoomsuu qaba. Kanaaf dhaloota waan hubachuuf, kallattii jiruuf jireenyaa qajeelfachuuf waa dubbisu haa taanuun dhaamsa kooti. Dubbisuu akkuma nyaata keenya yeroo yeroo amaleeffatamuu qaba.

****

Hamma dhumaatti waan dubbistaniif guddaa galatoomaa horaa bulaa deebanaa!

Dogoggora jiruuf nu oofkalchaa!

Jildii 4ffaan itti fufa……